Yaa gurbaa maqaa Rabbii waami(Bismillaahi jedhi), harka mirgaatiin nyaadhu, gara keetin nyaadhu

Umar bin Abii Salamaa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ani mucaa guddisa Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jala ture, harki koo sahanaa nyaataa irra naanna'aa waan tureef, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas naan jedhan: "Yaa gurbaa maqaa Rabbii waami(Bismillaahi jedhi), harka mirgaatiin nyaadhu, gara keetin nyaadhu" sana booda akkaataa saniin nyaachuu dhiisee hin beeku.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Umar bin Abii Salaamaa -Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaalatu- ilma haadha manaa Rasuulaa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- ummu Salamaa -Rabbiin ishee irraa haa jaalatu- kan ta'e -guddifannaa fi kunuunsa isaanii jala ture- yeroo nyaata nyaatu nyaata fudhachuuf harka isaa meeshaa nyaataa keessa asiif achi sochoosuun nyaataa akka ture hime, san irraa kan ka'een Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- naamusa nyaataa sadii akka isa barsiisan hime: Tokkoofaan ishee: Yeroo nyaata jalabuuf jedhu "Bismillaah" jechuudha. Lammaffaan ishee: Harka mirgaatin nyaachuudha. Sadaffaan ishee: Nyaata irraa moggaa isatti aanu irraa nyaachuudha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/58120